qaanqee@hotmail.com

Lakk. 7 Bitootessa bara 2002

Qaanqeen Bosonaa:

• Qabatee belbela malee hin dhaamu!
• Suphaa siyaasaa kan ayyaan-laallattootaa tiin hin dagamu!
• Kittilliyyoowwan gamaa gamana dhodhommoqan, ‘gooftota” isaanii wajjiinuu haleellaa siyaasaa jalaa hin miliqan jedha!
• Dheebuu ummatni Oromoo bilisummaa-f qabu fiixa baasuuf daandiin jalqabame wal-xaxaa tahus, haga humna isaatti warraaquuf, ammas irra deebi’ee waadaa seena!

Of-sobuu fi Wal-sossobuun Qabsoo miti !!

Daandii Siyaasaa Qabsoo Oromoo
(Bara dabreef barana)

1. SEENSA

Daandii qabsoon bilisummaa Oromoo waggoota dheeraaf keessa deemaa ture moggatti dhiisnee, bara 2001 as haala jiru qofa ija-hubatnaa tiin xiinxalluun----- qabsoon kun eessa akka deemaa jiru tilmaamuu dhaaf xurree saaqa jedhanii amanan qindeessitoonni Qaanqee Bosonaa. Kanaafuu, maxxansaan kun guutummatti dhimma kana hafarsee, angulaalee, bulleessee dhiheessa. Haga faaydaa qabu keessaa sooratuu fi dhiisuun mirga dubbiftootaa ti. Garuu, qalbii quluqulluu sirrii-toliinsaa (positive thinking) tiin warri dubbiftan irraa milkooftan jennee amanna.

2. ULFO

Jaarmayootni bilisummaa Oromoo fardeeffatan kanneen agoobara ULFO jalatti hiriiran, haga irraa eegame tarkaanfatuu baatanis, sochii eegalan waggaa dabree fi baranas ittuma jiran. Walgahii heddu geggeessuu irratti yeroon dabarsan bulii-turii firii horata abdiin jedhu guddaa tahus, “ tarii qabsoo irraa duubatti wal-harkisinnuu?” sodaan jedhus uumamuun hin hafne. Dhaaba kichuu kanaaf milkii gaarii hawwaa, erga dabree booda wal- qeequ yookaan wal-komii dhiheessuu mannaa, ammumaan akka itti yaadamuuf jecha, herrega nutti mula’ate dursinee tilmaamuu barbaadna (nu hoffolchaa!).

Xiinxaltoonni siyaasaa akka tilmaamanitti, hogganootni jaarmayoota bilisummaa Oromoo-f falman martinuu yaada warraaqaa qabsoo sochoosu burqisiisuu-f dandeettii fi ilaalcha-hegeree cimaa (ability & vision) waan qaban hin fakkaatu. Jaarmayootaa fi ilaalchi hogganootaa-tis doomaa fi dulloomaa (dormant & out-dated) tahaa deeme namoonni jedhanis heddu. Qindeessitoonni Qaanqee Bosonaa, jaalala yookaan jibbaa tokkoo alatti, xiinxallaan gad-fagoo ka waggoota lameen dabran geggeessan akka

mul'isutti, dhaabbotni qabsoo bilisummaa Oromoo kanneen amma jiran adda-addatti qabsoo bilisummaa keessatti jijjirrama-bu'uraa (radical change) fiduuf, bolola siyaasaa fi roga caasaa hogganaa-ttu (political ego & structural form of core leadership) gufuu itti taha.

Dhaabbotni bilisummaa Oromoo, dadhabbii mataa matatti qaban hubatanii, qulqullummaa Oromummaa tiin yoo ifatti wal-gorfataa qabsaawan, jijjiirama guddaa fiduun isaanii ni mala.

Gara biraatiin ammoo, tokkummaan dhaabbotni kun wixinatan ajajaa fi hacuuccaa alagaa jalaa walaba bahuun isaa murteessaa dha. "Keessummaan akka abbaan bulchetti bula" makmaaksi jedhu siyaasaa keessatti humna cimaa qaba. "Mana koo keessa haga jirtu, 'ka'i, taa'i, deemi…' ka siin jedhu ana" jechuun yoo jiraate rakkinna.

Akkuma OPDO-n abbaa isa uume qabu-tti, ULFO-nis abbaa natu si masaka jedhee itti roorrisu yoo qabaate rakkoo guddatu nu eeggata! Qabxii kana irratti, yaada nutti mul'ate ifatti addeessuu barbaadna. Ka jechaa jirru, jaarmayootni bilisummaa Oromoo kanneen maqaa "ULFO" jedhu jalatti tokkummaa ijaaratan dura dhaabatuu keennaa miti. Humana tokkummaa horatuuf, ejjannoo qulqulluu jaaramyootni kun mataa-matatti qaban irraa illee shakkii hin qabnu. Kan nu quba itti qabnee akeekaa jirru:- akkuma hayyoonni siyaasaa tokko tokko tilmaamanitti, tokkummaan jaarmayootni kun wixinatan "humna alagaa tiin butamuun dhaalatinnaa?" sodaa jedhu. Namni tilmaamsa kana irraa mamii qabu, haqa as deemaa jiru arguu dhaaf umrii dheeraa kadhatuu isa hin feesisu jedhama. Ammaa ifatti mul'atuuf jiraata jechuu isaaniiti.

Waayee kan irratti, herrega tahuun-malu (possible scenario) dabaluu barbaadna. Eertiraa fi Itoophiyaan , wal-falmii daangaa kan furmaata Mana-Murtii Addunyaa eeggataa jiru irratti waliigaltee dhabanii gara lolaa-tti yoo ka deebi'an tahe, hoggantichi Eertiraa, jaarmayoota Oromoo mataa-walitti qabee, "tokko tahaa tii Itoophiyaa falmadhaa" jedhee gargaarsa itti kennee bobbaasuun isaa ni mala.

Herregni lammataa ammoo, biyyootni lameenuu murtii san yoo fudhatanii, akkasumas mootummaa Mallas wajjiin hariiroon iccitii dhaan Isaayyaas deemsisaa jiru yoo milkaawe, jaarmayootni Asmaraa jiran martinuu akka mootummaa Habashaa wajjiin galanii hojjatan, Eeritraan guyyaa tokko-tti ajaja baafti. Namoota fi jaarmayoota yaada san fudhatuu didan ammoo of-irraa ariiti yookaanis harka micciirtee galchiti.

Tilmaamsa armaa olitti akeekame kana irraa namni shakkii qabu yoo jiraate, ammas, obsaan waan dhufu nu wajjiin haa eegu jechuu filatna. "Waan tulluu asii ijatu arga, ka tulluu duubaa yaadatu arga" jedha Oromoo-n.

As irratti dhugaan ifatti dubbatamuu qabu, biyyoonni ollaa Oromiyaa irra caalaan, gaafa nurraa faaydaa barbaadan, dahata gaarii nu kennaa turuu isaanii ti. Garuu, jaarmayootni Oromoo hiree bareedaa sanitti yoom-illee gargaramuu hin dandeetne. Eertiraanis gaafa akka jabatti nu barbaaddee turte, nutu warraaquu dadhabee miti!! Kana ni waakkannaa? "Ofii daddabanii Rabbi hin sakkabanii " jedhan manguddoonni Oromoo.

3. SOCHII SIYAASAA QABSOO BILISUMMAA

Of-sobuu fi wal-sossobuu yoo tahe malee, sochiin siyaasaa qabsoo bilisummaa Oromoo erga karatti danqamee dhaabatee tureera. Jaarmayootni qabsoo bilisummaa deemsisuuf sagantaa labsatan martinuu, siyaasaan qabatamaan amma ifatti tarkaanfachiisaa jiran hin jiru. Jecha kana afaan guutuun dubbatuu keenna duratti, xiinxallaa gad-fagaate ka deemsifne tahuu dubbiftoota Qaanqee Bosonaa tiif mirkaneessuu feena.

Hujiin siyaasaa laayyoo miti. Diinni kee guyyatti yoo saa'aa 10 sirratti hojjate, ati isa kuffisuuf, dachaa dalaguu qabda. Addi bilisummaa-tis, tarkaanfii gabroomfataa dhaa fonqolchee kuffisuuf akkuma humna waraanaa cimsatuun isa barbaachisu-tti, hujii siyaasaa-tis jabeeffatuu qaba. Miseensa qaadhimatuun, olola siyaasaa facaasuun, dargaggoof shamarran ijaaruun, jaarmayoota hawaasaa hawatuun, biyyoota alaa keessatti michoota horatuun, dhaabbota gargaarsa dhala-namaa wajjiin hariiroo tolfatuun, dahattoota (baqattoota) biyyoota ollaa keessatti gaaga'amaniif gargaarsaa fi hiree qubsumaa (resettlement) barbaaduun,…… kwf saffisiisanii irratti hojjatuun dirqama. Jaarmayootni Oromoo waan jedhame kana "hojjataa jiran" ka jedhu, nama of-sobe qofa.

Akkaataa amma mul'atutti, jaarmayootni bilisummaa Oromoo martinuu, duubatti wal-harkisuu alatti, taakkuu takka tarkaanfataa hin jiran. Qabsoon bilisummaa bishaan haroo keessaa kan uguruu hin sochoone tahee hafe. Bishaan haroo, haga bonni(caamsi) hamaan dhufee isa xuuxu-tti achummaa jalaqqisa. Qabsoon saba Oromoo-tis hin du'u, hin guddatu, bara mara ciiseetuma munyuuqqata. Dhugumatti, haalli kun heddu nama yaadchisa. Sobboonotni Oromoo kanneen biyya fi ala jiraatan martinuu dhimma kana irratti qalbii qulqulluu Oromummaa tiin wal-mari'atanii fala barbaaduun murteessaa taha.

Haawaasa Oromoo keessa haala dhiheenna kana bubbisu nama hubateef, dammaqqiin siyaasaa kan lammiiwwan Oromoo biyyoota alaa jiraatanii, ol-guddatuu mannaa ka gad-deemaa jiru fakkaata. Maaliif yoo jedhame, ragaan qabatamaan, miseensotni jaarmayootaa baay'een------Oromummaa fi qabsoo bilisummaa caalaa, morkaa fi dorgommii hogganootaa tiif amanamoo tahanii yaada dogoggoraa tarkaanfachiisaa jiraatuu isaanii-ti.

Fakkeennaaf, sababaa wal-diddaa hogganoota ABO jiddutti uumamee tiin miseensotni bara dheeraaf michuu walii turan, kunoo ardha akka diinaatti walitti gaarreeffatanii olola irratti bobba'uu isaanii argina. Hogganootni ol'aanoon, shira isaan jidduu jiru ifatti beekan. Deeggartoonni sadarkaa gadii garuu, olola gama tokkoo fudhatanii, soba itti himameen of-sobaa yoo jaala michuu ture irratti duulan mee maal jedhama! As irratti qabxiin ifa tahuu qabu, miseensa seera dhaabaa cabse adabuun, yakka itti muruun, mirga miseensummaa irraa mulquun, dogoggora uumame irratti wal-falmuun, wal-qeequun, ……kwf gochuun dhugaa yoomuu jiru. Garuu, humna diina irrattuu hin duulaminiin wal-irratti bobba'uun, deeggartoota wal-irratti bobbaasuun wallaala nutti fakkaata. Waayee ABO, boqonnaa kanatti aanu keessatti bal'inaan xiinxallina.

Gara sochii siyaasaa Oromoo-tti yoo deebine ammoo, gaafiin guddaan, akkauma namoonni gariin nu

amansiisuu yaalanitti, " dhuguma qabsoon bilisummaa Oromoo finiinaa jiraa?" ka jedhu. Wal-sobuu fi wal-sossobuu dhiisnee yoo dhugaa walitti himne, qabsoon finiine hin jiru. Bosona keessattis, tarkaanfiin qabatamaan fudhatame hin jiru, yoma akka baratamee turetti wal-sobuu tahe malee!!

Warri of-sobaa fi ummatas sobuu barate ammas bakka dhaabatani-tti, "takka-lama, takka-lama" jechaa lafa-dhiituun isaanii tarkaanfii deemsaa itti-fakkaatee hurrii keessa jaajjanii reeqqisan. Yoo abjuu tahe malee, sabni hawwii qofaan bilisa baahe hin jiru. Dhukkuba gabroomfataan fideef qorchi humna qabu qabsoo dha. Sabni jabaatee qabsaawe, haga fedhes turu bakka imaammatee ka'eef ima gaha. Kan sobamee taa'ee hoomacha abdii habbuuqatu garuu, essa-illee hin gahu.

Wal-jibbuu, wal-tuffatuu, wal-nyaatuu, dubbiin wal-diruu, haaloo dabreef hidhii walitti ciniinnatuu dhiifnee, wal-mari'ataa---- wal-irraa barataa---- hegeree Oromiyaa tiif mala-dhawuu qabna. Bar-dhibbee 21-ffaa, kan haalli siyaasaa addunyaa yoomiiyyuu caalaa wal-xaxaa dhufe keessatti, "nu warri sirna gabrummaa jala jirru hegeree akkamii qabna?" jedhanii wal-gaafatuun heddu barbaachisaa dha. Haqa falmatuun, mootummaa saba-guddaa gabroofatee bitu jalaa walaba bahuuf qabsaawuun, "shororkeessummaa" irraa adda tahuu isaa hubatanii hawaasa addunyaa-tis hubachiisaa, qabso-tti fufuun filmaata filmaata biraa hin qabne.

Jaarmayootni ala jiran yoo fuulduratti tarkaanfatuu dadhaban, ummatni Oromoo isaan moggatti dhiisee bira dabree tarkaanfatuu dhaan, dhaaba biyya keessatti hundeeffame kan naamusaa fi caasaa roga addaa qabu wixinatuun dirqama seenaan oofee fide nutti fakkaata. Mana dulloomee reeqqisu, kabaa fi laanbubaan miidhagsuu-f bonaa-ganna raatawaa ooluu mannaa, lammi-tti iyyatanii diiguu dhaan, utubaa fi dagalee haarawa qopheeffatanii araddaa biraa irratti mana jabaa ijaaru wayya. Sabbonotni fi dargaggoonni Oromoo kana booda, jaarmayoota biyya alaa irraa alaabaa shaanxaa keessa kaahatanii, bilisummaa ceekuu irratti baatanii, manguddoo biyyatti isaan deebisu barbaadatanii "gaaf-tokko galuuf jiraatan" jedhamu abdatuu bira dabranii jiran. Ee, harka maratanii umrii guutuu hawwii if-sooruun raawwatuu qaba. Falli jirus kanuma.

4. ABO

Addaan qoodamiinsi hogganoota ABO jiddutti uumame, namoota keessa dhaaba kanaa sirritti beekan homaa hin dinqisiisne. Inumaa, haga eegame caalaa turee dhalate. Namoonni hundee addaan qoodamiinsa kanaa gad-fageennaan hin beekne, "araara" jedhanii qalbii qulqulluun ori'aa jiru. Tattaaffiin kun, fayyaalummaa siyaasaa (political naivety) bira dabre furmaata hin fidu shakkii jedhutu bubbisa. Garuu, hin tahu jedhanii kakatuu mannaa, haga guyyaan saaxilu-tti obsaan eeguun hayyummaa dha.

Rakkinni ardha ifatti bahe kun dhaaba keessatti qaarriffaa baasee qabsoo bilisummaa laamshessaa jiraatuu isaa, Qaanqeen Bosonaa dursee kallattiin labsee ture:

"Qabsoon Oromoo maaliif hin guddatne? Yoo guddatuu dide ammoo maaliif hin dhabamne? Qabsoon

Oromoo dhukkuba qaba. Sababiin hin guddatneefis kana. Dhukkubni kun ammoo bakka lama gurguddatti qoodama. Isaanis: dhukkuba keessaa ti fi dhukkuba alaa-ti. Qabsoon Oromoo walabummaa saba bal'aatiin xumuramuuf, rakkoo keessa ti fi rakkoo alaa irra aanuu qaba. Rakkoo kun qoratamee, beekamee, yoo furmaata gahaa hin argatin, qabsoo Oromoo---- qancaruu, injifatamuu, hoonga'uu fi dhabamutuu isa eeggata. Rakkoo ummata Oromoo of jalaa, wal-jalaa haguugnee of sobuu fi wal-sobuun, ummata Oromootti kijibuu yeroo n, nu baasuu hin dandeenye. Karaan nu baasuu fi kan walabummaa saba bal'aatti nu geessu, karaa dhugaa callaa-dha (qofa). Dhara, dhugaan injifachuun wareegama gaafata. Wareegamni ammoo: of kennuu, of irratti murteessuu fi qulqullummaa gaafata. Rakkoo ummata Oromoo, ummata Oromoo jalaa dhoksuun of irrattis ummaticha irrattis yakka hojjachuu-dha".
[Qaanqee Bosonaa, Lakk. 1, Amajjii, 2001]

Jeeqamiinsaa fi gururi'iinsa ABO keessa waggoota dheeraaf daboolamee (ukkaamsame) guyyaa dhoohinsaa eeggataa ture guutummatti furuuf, "qorichi Gumii kora-sabaa-ti" jedhamee alaa fi biyya keessattis hafarfame. Dallansuun miseensotaa tii fi gaaffiin WBO illee abdima kanaan qabbaneeffamaa, sossobamee umrii horataa as gahe.

Nu ammoo, "kan rakkinna uumee qabsoo laamshesse hoggana waan taheef jecha, korri inni waamus qaama walabaa miti" sagalee jedhu dhageessifne. Ragaa haala dabree wal-yaadachiisuun tilmaamsa (herrega) amma harkaa qabnu kanaaf tola.

"Maddi rakkoo, rakkoo jedhame furuu waan hin dandeenneef, korri sabaa kan hoggana amma jiruun waamamu yoo rakkoo irratti rakkoo biraa dabale malee, furmaata fiduu hin danda'u. Muuxannoo kora sabaa kan hanga ammaatti godhamee irraa wanni barannus kanuma. Koroonni sabaa kanneen hanga ammaa hogganoota turan jalatti waamamaa turan, rakkoolee qabsoo Oromoo mudatan furuuf osoo hin ta'in, warraaqxotaa fi qabsaa'oota dhugaa ukkaamsanii miseensotaa fi murnoota hoggana aangoo irra jiruuf amanamoo fi gugguufoo ta'an horachuuf ta'uu dhugaa hundumti keenna beeknu. Korri ammaa achi hoggana amma jiru jalatti waamamus karama duraanii hordofuun isaa hin mamsiisu. …….

Kanaafuu, hogganni yakka fi shira qabsoo Oromoo irratti hojjateef murtii Kora Sabaa tiif dhiyaatu, koree walaba taate ijaaree kora sabaa ni waama jechuun, of gowwoomsuu dha. Hogganni kun yoo tarkaanfii kana fudhate, haaduu ofii qareen of qaluu ta'uu waan beekuuf hin godhu."
[Qaanqee Bosonaa, Lakk .3, Hagayya , 2001]

Akkuma nu tilmaamnetti, Gumiin Sabaa kan hawwiin eeggamaa ture, kora daandii qabsoo bilisummaa sirreessu tahuun hafee, ulee masaanuu aangoo ittiin haleelan tahee hafe. Rakkinni furmaata argata jedhames inumaa daran dabalamee, hogganni bakka lamatti addaan cite.

"Addaan cite" jechi jedhu, haga ammaattis namoota yaadaa-irratti cichan (hardliners) biratti fudhatama qabaatuu baatus, addaan qoodamiinsi uumame, fottoqiinsa WBO fi miseensotaa dhaqqabuun isaa iccitii yeroon irraa dabre. Rakkinna uumame kana keessa isaa gad-fageennaan xiinxalluu dhaan akka hubatnetti, madaaliin humna gara lameeniituu laafaa miti. Gareen gama tokkoo humni haarofni leenjifate jedhamu, WBO durii amansiisee ofitti ammata moo humnaan of-jalatti toohata? Deebisaa

gaafii kanaa kennuu irraa if-qusataa, wajjiin arguuf jiraanna yoo jenne dansaa dha.

Wama fedhes taanaan garuu, of-tuulummaa fi wal-tuffiin morki itti dabalame hammeennuma eda'a. Hayyootni siyaasaa qabsoo Oromoo sirritti keessa beekan akka hasaasanitti, humni garee lameeniifuu tumsuu irraa if-qusatee dhaabatu, garee 3-ffaa tahee ol-bahuun waan hin hafne. Manguddoonni araaraa buusuuf carraaqan, rakkinni kun wal-diddaa abbaa-manaaf hadha-manaa irraa addaa waan taheef jecha, jeeqamiinsa siyaasaa tahuu isaa hubatanii, humna sadaffaa galaalcha (neutral 3rd party) irraa utuu keessa rakkinna ABO xaxee marse baratanii, daran tarkaanfii fi milkii yaadame dursanii ammumaan dhundhumatuu dandahan.

5. OPDO

Akkuma jaarmayoota EPRDF hundaa, OPDO-nis waggaa dabre raafamaa ture. "Mootummaan Wayyaanee kufuu isaa duratti malatuu qabna" jedhanii qondaaltonni dhaaba kanaa heddus alatti girrisaa turuun isaanii ni yaadatama. Qondaaltota waggoota kudhaniif ABO abaaraa turantu---- miseensota WBO fi sabboonota Oromoo kaan ajjeesisanii kaan hidhatti galchanii akkuma hulaa itti cufaniitti furaa qabatanii---- "ABO-tti makamuu feena " jedhee Awuroophaa-f Ameerikaa seene. Guyyama tokko-tti kobbortaa OPDO if-irraa mulqanii kan ABO uffatanii " qabsaawota" jedhaman.

Qondaaltota OPDO kanneen golgola siyaasaa keessa seenan bobaa-jalatti qabatanii baddaa-laga mermeeruun, isaan simatuu fi qaazzexeessitoota biyyoota alaatiif waayema kana ibsa ooluun, of-sobuu fi wal-sobuu yoo tahe malee, dhugumatti, dhugumatti, qabsoo miti.

Qabsaawotni Oromoo kanneen jarreen amma alatti baqatan kanaan kuffifaman kumni heddu otuu boolla keessaa iyyan, sobboonotni kumni baay'een otuu hidhaa keessaa warwaatan, hogganootni ABO waan siyaasaa jabaa hojjatan itti-fakkaatee, qondaaltota OPDO faarsanii ceekuu irratti baatanii taa'an. Yaa lammii, heddu wal-sobaa jirra!! Dhugumatti, qabsoo biraa waan harkaa hin qabneef jecha kanumaan if-jaataneessuun isaanii haqa ifatti mul'atu.

Mara caalaa kan nama gaddisiisu, qondaaltota kufiinsatti dhihaatuun mootummaa Wayyaanee lubbuu itti fidee gara biyyoota Dhihaa-tti ori'an, jarreen ABO ammoo, akka waan siyaasaa cimaa hojjatanii OPDO diigaa jiraniitti gatii guddaa ofii kennanii dhihaatuu isaanii ti.

Erga dandahamee, mooraa diinaa diiguun bareeda. Garuu, dahata siyssaa (political asylum) hawatuuf jecha, aangawoota "ABO-tti dabalamnee Oromoo bilisoomsuuf biyyaa baane" jedhan jala fiigaa ooluun gatii of-dhabsiisuu dha. OPDO-n diigamaa deemuun nu mara gammachiisa. Namoota qulqulluu, alagaaf ulee tahuu isaanii hubatanii dhaaba san keessaa bayan simtuun balleessaa miti. Gurmuu diinaa saphlisuun mataa isaattuu qabsoo tokko. Garuu, aangawoota kottoonfffatanii qabsoo bilisummaa dura-dhaabatuu dhaan qabsaawota Oromoo ajjeesaa fi ajjeesisaa turan (h)ammatuun yakka guddaa tahuun isaa hubatamuu qaba jenna.

Gara biraatiinis, Raadiyoon Sagalee Bilisummaa Oromoo (SBO-n), qophii isaa keessatti guyyaa mara,

“OPDO-n kana kana hojjataa jira” jedhee akka oduu guddaa-tti dubbataa ooluu mannaa, jaarmayootni bilisummaa Oromoo waan hojjataa jiran irratti akeekkatuu isaa wayya. Ummatni Oromoo, gidiraa fi hujii OPDO nu caalaa beeka. Gaafiin ummatni Oromoo hardha dhiheessaa jiru, “ OPDO-n maal hojjataa jira?” ka jedhu miti. Gaafiin isaa, jaarmayootni bilisummaa-f qabsaawan maal hojjataa jiran” ka jedhu. Gaaffiin guddaan deebii argatuu qabus kana.

6. WAYYAANEE

Wayyaaneen jaarmaya dhiigaan ijaaramee dhiigaan jiraatu tahuu kan hin hubatin yoo jiraate, namoota ammas “ araaraan” biyya galanii mootummaa Mallas wajjiin hiree hojjatuu abjaawan qofa. Raafamiinsi waggaa dabre tasatti aangawoota Wayyaanee keessatti uumame, hogganootaa jaarmayoota mormitootaa, kanneen Oromoo-tis dabalatee, laydaa siyaasaa (political fever) keessa isaan seensise. Aangoo mootummaa “ka duwwatti hafe” jedhamee herregame-tti abbaa tahuuf, oriisaa ture namuu quba qaba.

Garreewwan mootummaa Wayyaanee tiin morman baay’een, qaawa baname keessa hulluuqanii kortoo aangoo-tti ejjatuuf malli isaan hin baasin hin jiru. Garuu, osoo hin qabsaawin taa’anii aangoof hawwuun qullaa nama hanbisa. Jaarmayootni Oromoo gariinis, carraa akka “ Kora London” ka argatan itti fakkaatee, jaarmayoota Habashoota wajjiin aangoo qoodatuuf mariin jalqaban hoongawee (fashalee) karatti hafe.

Ah! yaa bada gowwaa! Midhaan hin facaasin haamatuun ni jiraa? Hin jiru ; yoo akka bara kora London daboo (jiga/guuza) wal-waamuun tasatti deebi’e malee! Sanis taanaan, midhaan abbaa itti ifaaje (itti dadhabe) qabu falmatuun illee wareegama nu baasisiise sabni Oromoo hin dagatne.

Jeeqamiinsi TPLF hafarse, carraa aangoo ka saaqe itti fakkaatee jaarmayootni Impaayera Itoophiyaa baay’een “ammas osoo nu hin qophaawin hireen kun dhufe” jechuu dhaan alaan’alaa sardamiinsa daangaa hin qabne keessa turan. Aangoon mootummaa ka lafaa argamu itti fakkaatee, roophilaan galanii addaan qoodatuuf dhaabbotni bashaddaqaa turan tokkoo-lamaa miti. Garuu, akka yaadame sanitti Wayyaaneen hin kufne. Dhiibbaa gareewwan mormitootaa fi kan hawaasa addunyaa tiifis gatii hin kennine.

Fakkeenyaaf, ABO-n ibsa Waxabajjii bara 2001 baaseen hawaasaa addunyaa-tti akka jedhee lallabe:

“We ask the international community to put pressure upon the Tigrean-led Ethiopian government to close the books on its futile practice of dominating other peoples in the name of democracy and commit itself to a comprehensive resolution of conflicts in Ethiopia. We believe the time is opportune to assemble all forward-looking political forces in the region, with the backing and input of the international community, to deliberate on the means and ways of realizing all-inclusive comprehensive solution……
Hence, we call upon the international community, the UN, OAU, US and EU, to reassess their current piecemeal approach in resolving the closely interrelated conflicts raging in the Horn of Africa and adopt

a comprehensive approach." [Statemnent issued by OLF, June 2001]

Sadarkaa diplomaasii-tti, ibsa nama qaanfachiisuu miti. Haatahu malee, mootummaan TPLF jecha bifa kanaa tiif gatii hin kennu. "Hawaasni Addunyaa maal naan jedha?" sodaa jedhu hin qabu. Mootummaa tuffii fi of-tuullummaa dhaan dubbatu.

Kanumas tahee garuu, motummaan Wayyaanee jeeqamiinsa waggaa dabree irraa dandamatuun isaa dadhabbii jaarmayoota sabaa fi sab-lammoota hundaa ti. Dhugumatti, jaarmayootni siyaasa haga barattootni 'univaristii' magaalaa keessatti warraaqan san otuu isaanis baadiyaa keessatti carraaqanii, Wayyaaneen silaa unkutaawee ture. Wayta sanitti, dhaabotni Habashootaa tii fi kanneen sabootaa cunqurfamtootaa-tis, kan Oromoo tis dabalatee, qophii gayaa qabaataa hin turre. Hardhas hin qaban.

"Jeeqamiinsa Mootummaa Wayyaanee" mata-dure jedhu jalatti, waggaa dabre ibsa baaseen ABO-n yeroo san akkana jedhee ture: -

"Mootummaan Wayyaanee guyyaa irraa guyyaatti tarkaanfii gara awwaala isaatti isa geessu fudhata jira. Of dandamachiisuuf yaaliin inni godhu hundi kufaatii isaa kan shaffisiisuu ta'ee jira. Hogganooti Wayyaanee wal dhabanii sadarkaa walitti deebi'uu hin dandeenye irraan wal gahuun isaanii qabsoo keenyaaf aanjaan uumu guddaa dha. Mootummaan Wayyaanee akka kufu mamii tokko malee beekamee jira. Kufaatii isaa booda maaltu itti aana kan jedhu gaaffii hunda keenyaa ti."[Labsa Walgahii Shanee Gumii GS ABO, Waxabajjii 17, 2001]

Gaaffii saniif barana hoo deebii qabnaa? Akka namuu hawwee turetti, Wayyaaneen hin kufne; gaaffiin kunis deebii hin argatne. " Yaa Waaaqayyoo Wayyaanee wal-nyaachisii biyyatti nu galchi!" jedhanii kadhaa dhiheessuu duwwaan eessa nu geessa? Fedhiin lammiiwwan Oromoo ----qabsoo finiinsaa---- tumsa Waaqayyoo-s irratti kadhataa----- warraaquu dha!

Mootummaan gabroomfataan, cubbuun inni ummata irratti raawwatu guyyaa irraa guyyatti gara kufaatii isaatti isa geessa haa jedhamu malee, mootummaan ofii-isaatii of-kuffise seenaa hawaasaa keessa hin jiru. Mootummaa dulloomee tortoree shame qaarsanii darbuuf humna mormii barbaachisa. Humni tarkaanfii kana fudhatuuf qophaawe yoo hin jiraatin, mootummaa jaaree tortoretu biyya bulcha. Kanatti yoo amanne, abjuu diinaa hawwiin kuffisuu sammuu keessaa if-baasuu qabna.

7. If-sobuu fi Wal-sossobuun Qabsoo miti !

Akkuma asii olitti ibsuuf yaalletti, qabsoon bilisummaa Oromoo fala argatuu qaba. Qabsoo saartee daraaraa hin horatne, ta duutee hin awwaalamne, tan akka konkolaataa qeeyra (gaara) -tti ejjatee dhaabattee xiixxu tanaaf ummatni Oromoo ka'e mala-dhawutu irra jira. Guyya-rraa guyyatti, ji'a-rraa ji'atti, waggaa irraa waggatti, booda ammoo jaarraa irraa jaarra-tti qabsoo hin jirreen of-sobaa, wal-sobaa, wal-sossobaa harka maratanii taa'uun raawwatuu qaba.

Yaada kana guduunfuuf, qindeessitootni Qaanqee Bosonaa qalbii qulqulluu Oromummaa tiin, hayyoota, sabboonotaa fi dargaggoota ----- walumaagalatti lammiiwwan saba Oromoo ka alaa fi biyya jiran hundaaf waamichi sadarkaa duraa-tti (First Phase Call) dhiheessan: -

I. Namuu haga dandeettii isaaatti haala siyaasaa qabsoo bilisummaa Oromoo kan kaleesaa, kan hardhaa fi kan bor as deemaa jirus akka qalbii jaalala sabaa tiin qoratee yaada walaba mataa isaa irra gahu gaafatna.

II. Yaada walaba san, michoota isaa wajjiin gad-taa'ee akka obsaan irratti mari'atu hubachiifna.

III. Wal-jibbaan jibbama dhala. Morki jibbaa irratti hundeeffames daandii dogoggoraa nama qabachiisa. Daandiin dogoggoraa immoo qabsoo fiixa hin baasu. Kanaafuu, lammiiwwan Oromoo martinuu biyya jiranitti, akka ejjannoo isaanii keessa deebi'anii xiinxallan gaafatna.

IV. Obsaan wal-dhageeffatanii, qabsoo karaa irratti danqamee dhaabatuuf fala barbaaduun itti-gaafatama nama hundaati. Nu martinuu, ija cufatnee, siyaasaa keessa isaa hin beekne deeggaruu dhiisnee ---- wal-irraa baratnee, harka wal-qabatnee, daandii bilisummaa diriirsuu qabna. Waamichi sadarkaa lamma-ffaa guyyaa isaa eeggatee dhufa.

• Tokkummaan haa jabaatu!
• Qabsoon bilisummaa haa finiinu!
• Oromiyaan qabsoon bilisoomti!
• If-sobaa fi wal-sossobuun haa raawwatu!
• Qabsoon itti fufa !

Qaanqee@hotmail.con